

# Qorattoonni ni Barbaadamu

Deeggarsa Seeraa Mid-Minesootaa wajjiin  
Loogii Falmaa



## Qorattuun maali?

Qorattoonni Fair Housing manneen kireeffamanitti bilbiluun ykn qaaman daawachuun nama kireeffatu fakkaatanii fedhii qabaachuu ibsu. Muuxannoo Piroojektii Seera Loogii Mana Jireenyaa irratti qaban ilaalchisee gabaasota babal'aa Deeggarsa Seeratti (Legal Aid) gabaasu. Sana booda gabaasonni qorataa enyummaa isaanii irratti hundaa'un haala addaa adda ta'een keessummeessamuu fi dhiisuu isaanii ilaaluf walitti madaalamu.

## Qorannoon maalif barbaachisa?

Loogin mana jireenyaa rakkoo qabatamaadha, garuu isa mirkaneeffachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Yeroo hedduu, "namoota saba murtaa'aa ta'e tokkoof hin kireessinu" akka jechuutti ifa miti. Ejensiiwwan mootummaa fi dhaabbileen bu'aaf hin hundoofne gabaasawwan loogii qorachuuf Qorattoota (Testers) fayyadamu. Bu'aawwan qorannoo komiiwwan ejensii, himatawwanii fi tarkaanfiwwan biroo loogii mana jireenyaa hambisuuf gargaaran kumaatamaan lakkaa'aman akka milkaa'an taasisaniiru. Himanni Qorattoota fayyadamuun gaggeeffame milkaa'an tokko inumaayyuu hanga Mana Murtii Olaanaa U.S.tti deemera!

## Deeggarsa keessan barbaanna!

Sagantaawwan qorannoo daneessummaa (diversity) barbaadu. Namoota saba, bifa, bakka irraa dhufan, danddeettii fi umurii akkasumas saala hundaa barbaanna. Qorattoonni kan leenji'amaniif fi qorannoo tokkoon tokkooni kaffaltii muraasa kan argatan ta'a. Qorattoonni kan abdatamanii fi gabaasa qorannoo boodaa kan guutuu danda'an ta'uu qabu.

## Maalif Qorataa ta'uu qabdu?

Qorattoonni loogii mana jireenyaa falmuu irratti ni gargaru. Namoonni bakka filatan jiraachuu akka danda'an gargaartu. Kireessitoonnii fi abbootin qabeenyaa seera akka kabajan mirkaneessuu keessatti gargaarsa gootu.

Qorataa ta'uuf fedhii yoo qabaattan ykn odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, nama armaan gadii qunnamaa:

**Halley Norman, Qindeessituu Qorannoo Mana Jireenyaa Haqa Qabeessa Ta'ee fi**



[fairhousingtesting@mylegalaid.org](mailto:fairhousingtesting@mylegalaid.org)



612-746-3752